



# Baqaqsanii yaaluu guyyaa kan Dubartoota

Waraqaa odeeffannoo kana irratti gaafiiwwaan waliigalaa waa'ee baqaqsanii yaaluu guyyaa ni deebisna. Odeeffannoo waa'ee adeemsa yaalii wayitawaa barreeffamaan yoo barbaaddan, hakima, Narsii ykn Deessistuu keessan gaafadhaa ykn marsariitii kutaa odeeffannoo fayyaa keenya as irratti [www.thewomens.org.au](http://www.thewomens.org.au) daawwadha.

Yoo gaafii dabalataa qabaattan Kutaa Baqaqsanii Yaaluu Guyyaa (Day Surgery Unit) (03) 8345 3300 irratti bilbiltanii gaafachuuf duubatti hin deebi'ina.

## Sa'aatii meeqattin dhufa?

- Guyyaa yaalii keessaniin duraatti bilbila keessan irratti ergaan gabaaba keenya isin qaqqaba. Yeroo itti isin hospitaala galtan dabalatee (sa'aatii isin hospitaala geessanii) fi odeeffannoo soomii (nyaata fi dhugaatii yoom akka dhaabdan) of keessaa qaba.
- Sa'aatii isin hospitaala galtanii fi sa'aatiin yaalii keessanii tokko miti - nuti kan isinitti himuu dandeenyu yaaliin keessan waaree dura ykn booda ta'uu isaa qofa.
- Tarii fayyummaa keessan mirkaneessuuf isiniif bilbiluu malla.

## Hospitaala keessa hangamiifan tura?

Yeroon turtii nama gara namaatti garagarummaa qaba. Erga ba'uuf gahaa ta'uu keessan beeknee booda, ba'uu dandeessu.

## Guyyaa baqaqsanii yaaluuf of qopheessuu

- Yaaliin dura, waan tokkollee nyaachuu fi dhuguu hin qabdan.
  - Baqaqsanii Yaaluun ganama yoo ta'e, halkan walakkaan booda homaa hin fudhatina.
  - Baqaqsanii Yaaluun waaree booda yoo ta'e, guyyaa yaalii sana ganama sa'aatii 7:00am booda homaa hin fudhatina.
- Dhangala'aa akka bishaanii, Cuunfaa poonii yookiin shaayii guraacha xiqqoo ta'e hanga yaaliin sa'aan lama hafutti fudhachuu dandeessu.

- Yaalii dura sa'aatii 12 tamboo xuuxuu dhaabaa.
- Yoo qorichaa fudhachaa jirtan ta'e hakima keessanitti himaa. Baqaqsanii yaalamuun dura qoricha akkamii akka fudhachaa jirtan hakimni keessan beekuun isa barbaachisaadha.
- Yoo aspirin fudhattan, simannaan dura naarsii kutaa calallii jirutti hima.

## Wanti barbaachisaan ilaalcha keessa galchuu qabdan

Guyyaa beellama baqasani yaaluu osoo hin gahin torban tokko dura malattoon qufaa yookin hoo'ina qaamaa isinirratti yoo mul'ate, Biiroo Dursanii Beellama Yaalii Baqaqsuu Qabachuu atattamaan dubbisa.

Guyyaa yaalii baqaqsuu irratti qorannoo ulfaa taasisuun isin barbaachisuu mala.

## Maal fiduu fi uffachuu akka qabndan

- Kaardii yaalii bilisaa (Medicare). Yoo kaardii yaalii bilisaa hin qabne ta'e, (03) 8345 3012 irratti bilbilaa
- Kaardii kunuunsa fayyaa yoo qabaattan
- Inshuuraansii fayyaa dhuunfaa yoo qabaattan
- Qorichi fudhachaa jirtan yoo jiraate qorichoota ajaja hin barbaadne kan akka qorichoota aadaa ykn viitaaminootaa.
- Waan dubbistaan
- Uffata mijaataa
- Kishaafa (golga ijaa), kan fayyadamtan yoo ta'e
- Maashiinii CPAP haaraa qulqulluu (yoo barbaachise).
- Korojoo xiqqoo uffata fi maatiimoota xixiqqoof

Dhukkubsatoota dhuunfaan guyyaa simannaa isaanii akkawuntii hospitaalaa mataa isaanii kawwachuu qabu. Yoo kaardiin inshuuraansii fayyaa keessan isin wajjiin hin jiru ta'e, qarshii maallaqaan, cheekiidhan ykn kaardii liiqii biirootiin gaamoo muummee darbii jalqabaa irratti kaffaluun isin barbaachisa.

## Maal fiduu fi uffachuu akka hin qabne

- Waantota qaalii ta'an kan akka faaya bareedinaa
- Maallaqa guddaa
- Leensii ijaa
- Dibata qeensaa
- Meeshaa bareedinaa
- Qabsiftuu/lilmoo rifeensa
- Korojoo uffataa guddaa

## Maal akka eegamu

Erga simatamtanii yaalii baqaqsuuf qophoofanii booda, gara kutaa baqaqsanii yaaluutti ni geeffamtu. Yaalii keessanii booda, tiroolii ykn kutaa dandamannaatti ni boqattu. Narsoonnii istaafii keenya yeroo kanatti isin hordofu.

Erga sirritti dandamattanii booda, uffata keessan uffattanii hanga gara mana keessanitti deemtanitti teessoo mijataa irra tessu. Waan nama booharsanille ni affeerra.

## Gara manaa deemuu

Yaaliin booda nama gara manatti isin fudhatu qopheessuun isin irraa eegama. Halkaan namni isin wajjiin turu qabaachuun ni barbaachisa.

Istaafiin baqaqsanii yaaluu guyyaa nama isin gargaaruu gara manatti deemuuf qophii yoo taatan ni dubbisu.

Qorichoonni kamiyyuu dukkanaa qorichaa Royal Women's Hospital darbii tokkooffa irraa argachuun ni danda'ama.

Kaffaltiin qorichoota hundaaf ni barbaachisa.

## Baqaqsanii yaaluu guyyaa booda

Qoricha qaama adoochu (anaesthetic) erg fudhattanii sa'aatii 24 keessatti wantotni isin gochuu hin qabne

- Konkolaataa oofuu
- Maashiinaarii ykn meeshaalee elektrikaa sochoosuu
- Alkoolii dhuguu

- Galmees seeraa irratti mallatteessuu
- Murtoowwan gurguddoo murteessuu

Yoo mana geessan, waraqaa ajaja baqaqsanii yaaluun booda isiniif kenninu hordofaa.

Guyyaa beellama keessanii hordoffiidhaaf deebi'uu keessan ni mala, yoo akkas ta'e, odeeffannoon beellama keessanii poostaan isiniif ergama.

## Rakkoo yaalii keessanii

Yoo rakkoo ykn koomiiyaalii irratti qabaattan, (03) 8345 2290 irratti kutaa laayzanii dubbisaa.

## Hiikaa afaanii ni barbaaddu?



Interpreter

Yoo hiika afaanii kan barbaaddan ta'e istaafii dubbisaa. Namni afaan hiiku guyyaa simannaa keessanii ni argama.

## Deeggarsa Miidhaa Maatii

1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabajaa

B: 1800 737 732 (tajaajila deeggarsa sa'aatii 24)

M: 1800respect.org.au

## Odeeffannoo dabalataatiif

### Kutaa Baqaqsanii Yaaluu Guyyaa

T: (03) 8345 3300

### Gabatee beeksisaa Hospitaala Dubartootaa Royal

T: (03) 8345 2000

### Giddu-gala Simannaa Dubartootaa (Women's)

Wixataa hanga Jimaatatti- 9:00 am hanga 5:00pm

T: (03) 8345 3037

**Hubachisa:** Waraqaan odeeffannoonkun odeeffannoo waligalaa qofa kenna. Gorsa fayyaa keessanii isin ilaallatu feetaniif, ogeessota fayyaa keessan irraa gorsa barbaaduu qabdan. Royal Women's Hospital ogeessa fayyaa biraa deemuu caala waraqaa haqaa kana irra hirkaachuun baduu ykn barbadaa'uu gahuu kamuuf itti gaafatamummaa homaa hin fudhatu. Yoo xiyyeeffannoo yaalaa atattamaa barbaaddan, maaloo kutaa arifachiisaa isinitti dhiyaatu qunnamaa.

© The Royal Women's Hospital 2017-2022